# Ibsa Gabaabaa Qeerroo Bilisummaa Irraa Kenname.

**Caamsaa 15,2014 Amboo**

Gidduu kana Mootummaa Naannoo Oromiyaati jechuun kan maqaa Oromoo fi Oromiyaatiin of waamaa jirtuu OPDO fi ani president naannoo Oromiyaati jechuun of aaduun walgahii uumataa kan eegalu Muktaar Kadir ibsa Caamsaa 13/2014 Godina lixa Shawaa Amboo fi Godinaalee Oromiyaa garaagaraatti miseensota OPDO fi ilmaan Habashaa walitti qabuun kenne ilaalchisuun bakka bu'ootii fi qindeessitooti FDG Qeerroo bilisummaa Oromoo godina lixa Shawaa Ibsa fi marii Muktaar Kadir gaggeesse balaaleffate jira.

Muktaar Kadir jedhamu ani Mootummaa fi presedantii naannoo Oromiyaatii jechuun erga of ibsee booda sababa FDG gaaffii mirgaa fi dimookiraasii uummaanni keenya Oromoon karaa nagaa gaaffateef balleessa tokko malee qe'ee isatti ajjeefama jiruuf Muktaar Kadirii dabballoota OPDO fi ilmaan habashaa Oromiyaa keessatti dhalatanii guddatan walitti qabuun ibsa armaan gadii fulleetti dubbachuun ni yaadatama. Qabxiiwwaan Gurguddoo Muktaar dabbaloota sirnichaaf kaasee keessa muraasni:

1. Mootummaan keenya tarkaanfii magaalaa Amboo fi Oromiyaa godinota garaagaraa irratti fudhatametti ni boona, keessattuu Poolisii federaalaa guddaa galateeffanna, jechuun ergama diinumma ifatti dubbatee jira.
2. Tarkaanfiin fudhatame sirriidha, tarkaanfii obsa guddaan fudhatamedha, jechuun dhaadate jira.
3. Gaaffiin ka'ee jiruus gaaffii uummata Oromoo miti uummaannii Oromoo gaaffii akkasii hin qabu,
4. Uummaanni keenyaa Misoomeera, nagaan olee bulaa jira, rakkinni uummaanni keenya qabu nuuf hin gallee, mirgii uummata Oromoo kabajameera,
5. Gaaffii kan gaafate, hattuu, kashalabbee fi Farreen nageenyati jechuun Ifatti uummata Oromoo arrabsee jira.
6. Sochii warraaqsa FDG nurratti gaggeeffama jiruu, hiriira baanee balaaleffachuu qabna jechuun miseensota dabbaloota sirna TPLF/EPRDF/OPDO fi ilmaan habashaa Oromiyaa keesatti dhalatanii guddataniif ajaja dirqama kennuun oloola afaan faajjii uumuuf tirtira jirachuu ibsatee jira.
7. Barattoota muraasatuu humna duubaa jiru waliin ta'uun jeequmsa nurratti kaase jechuun dabballoota hojii irraa arii'amtuu, ni hidhamtuu jedhamuun doorsisaan walitti qabaman gidduu dhaabbatee namni ani mootuummaa uummata bakka bu'uu president mootummaa Naannoo Oromiyaatii ofiin jedhu uummaata Oromoo dhugaa isaaf ajjeefamee qe'ee isaa irratti awwalcha dhabaa jiru arrabsuu fi itti dhaadachuun isa mul'atee jira.

Qabxiiwwaan Ergama diinummaa Muktaar Kadir jedhamu olola afaan faajjii uumuuf, dhugaa uummataa awwaaluuf, gumaa uummata keenyaa gara dabarsuuf, yaalii gochaa jiru irratti dammaquun hoggansii qeerroo bilisummaa Oromoo qabxiiwwaan gaggababoo saddeet 8 baasuun jabeessee ergama Muktaar Kaadir balaaleffachuun uummata Oromoo hundaaf ergaa guddaa dabarsee jira.

1. Mootummaan uummata bulchaa jirutti waraana bobbaasee uummata meeshaa maleeyyii dhukaasee ajjeesuun, keessattuu daa'ima Waggaa torbaa, dargaggoota waggaa 15 gadii fi manguddoota waggaa 75 olii dhukaasee ajjeesuun har'a waltajjii uummachuun tarkaanfiin fudhatame sirriidha jechuun uummata Oromoo irratti dhaadachuun tuffii Muktaar Kadir uummata Oromoof qabu ifatti kan mul'isuu fi Muktaar Kadirii fi mootummaan EPRDF shororkeessituu ta'uu Qeerroon addunyaaf saaxilaa jira.
2. Uummaannii Oromoo Godinaalee Oromiyaa hundaa fi dhaabbilee barnoota olaanoo hanga manneen barnoota sadarkaa 1ffatti utuu hin hafiin uummaanni Oromoo gaaffii Mirgaa karaa nagaan gaafatneef deebiin nuuf kennamuu qaba jechuun uummaanni gamtaan dhaabbatee utuu falmachaa jiruu; gaaffiin gaaffii uummataa miti jechuun FDG uummaannii fi dargaggootni itti amanuun wareegama qaalii irratti kanfalaa utuu jiruu, FDG fi gaaffii uummataa  gara dabarsuuf gaaffi olola maqaa farreen nageenyaati, jechuun qabsoo uummataa dura dhaabbachuuf olola Muktaar Kadirii fi OPDO'n oofaa jirtu jabeessinee balaleffanna.
3. Dhaabni waggaa 24 guutuu maqaa uummata Oromootiin daldalaa qabeenyaa Oromoo saamsisaa, Oromoo gaaffii mirgaa karaa nagaa gaafatee qe'ee isatti ajjeesisaa, hidhatti guursisaa, reebsisaa, barnoota irra ariisisa, uummataa Oromoo arrabsaa, arrabsiisaa, tuffachaa tuffachiisaa as geesse ammas uummata Oromoo bakka bu'uu kan hin dandeenye ta'uu ni  jabeessinee hubachiifna.
4. Shirri guddaa Muktaar Kadirii fi EPRDF/TPLF/OPDO'n xaxamaa jiru, FDG dura dhaabbachuuf dabballoota amanamoo OPDO fi ilmaan habashaa Oromiyaa keessatti dhalatan walitti qabuun hiriira balaaleffaanna FDG fi sochii uummataa dura dhaabbanna jechuun wayyaanotaan qopha'ee afarfamaa jiru atattamaan dhabbachuu qaba. Uummaanni Oromoos akeeka kana irratti dammaquun FDG jabeessuun mootummaa burkutooftuu kana aangoo irra darbuun bilisummaa ofii mirkaneeffachuuf qabsoo FDG jabeessuun itti fufuu qaba.
5. Ajjeechaa Suukkaneessaa Waraana Mootummaa TPLF/EPRDF/ OPDO fi Muktaar Kadir'n uummata nagaa karaa nagaa ba'ee mirga isaa gaafate irratti rasasa robsuun uummata Oromoo jumlaan ajjeefamanii fi ajjeefamaa jiraniif itti gaafatamuummaa seeraa fi seenaa jalaa ba'uu akka isan hin dandeenye jabaassenee  hubachiifna.
6. Muktaar Kadiirii fi Dabbaallootni Sirnichaa fi Mootummaan EPRDF  yeroodhan qabamanii seeratti akka dhiyaatanii fi Ilmaan Oromoo jumlaan ajjeeffamanii, Hidhamanii, Madeeffamaniif fi barnoota irraa arii'amaniif yoom iyyuu itti gaafatama seenaa fi Seeraa jalaa ba'uu kan hin dandeenye ta'uu ni hubachiifna, kanuma hubachuun ilmaan Oromoo bakka jirtan hundaa yakkamtoota guyyaa saafaa dhukaasee uummata keenya irratti yakka dugugginsa sanyii rawwacha jiru irratti wal cina dhabbannee himata qophiisuun mana murtii yakka addunya ICC irratti akka himatamanii seeratti dhiyeeffachuu dandeenyuuf ciccoominaan haa hojjennu jechuun dhamsa isiniif dabarsina.
7. Uummaanni Oromoo hundi mirga isaa deeffachuuf, walcina dhaabbatee harkaan walqabatee bilisummaa isaa kabachiifachuuf FDG fi qabsoo karaa nagaa eegalee Oromiyaa mara raasaa jiru  jabeessuun lafa fi qe'ee isa irratti of kabachiisuu qaba.
8. Olollii mootummaa Shororkeessa Wayyaanee EPRDF/TPLF/OPDO  maqaa Master planii Finfinnee jechuun lafa, qabeenyaa, aadaa, afaan, eenyuummaa, fi sabboonuumma, fi abbaa

biyyummaa Oromoo sarbuuf qopheeffame hatattamaan haqamuu qaba, malee maqaa misoomaa waliinii jedhuun bukkeetti qabamee hojitti hiikamuuf kan hojjetamaa jiru cimsinee dura dhaabbannee falmachuuf Oromoon bakka jiruu harka walqabatee ka'uu qaba.

Injifannoon uummata Oromoof!!
Gadaan Gadaa Bilisummaati!!.
Caamsaa 15/2014
Dhihaa Shawaa Oromiyaa irra!!.